Booda kootii dhiirota irratti qormaata miidhaa ta'e kan akka dubartootaa hin dhiifne

Usaamaa ibnu Zayd irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Booda kootii dhiirota irratti qormaata miidhaa ta'e kan akka dubartootaa hin dhiifne».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- booda isaaniitii dhiirota irratti qormaata miidhaa qabu kan akka dubartootaa akka hin dhiisin himani; dubartiin maatii isaa irraa yoo taate shari'aa faallessuu keessatti isii hordofuutu mala, ajanabiyyaa yoo taate immoo isii woliin wolitti makamuu fi woliin qofaa ba'uun waan sana irraa badii argamuun ta'a.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5830